TALAALLII COVID-19

HAQA JIRU HUBADHAA.

DELTA VARIANT': WAAN ISIN BEEKUU QABDAN

Vaayirasiiwwan yeroo hundumaa ni jijjiramu. Jijjiiramni haaraa ta'e tokko gaafa mudatu, Saayintistoonni jijjiirraa haaraa (new variant) jedhanii waamu. Jijjiiramni tokko tokko miidhaan isaanii muraasa, warri biroon ammoo baay'isanii balaafamoo dha.

Delta variant' kun kan saayintistoonni waa'ee isaatiif baay'ee dhiphatan yoo ta'u, kunis waan inni salphaatti nama qabuu danda'uu fi gara nama kan biroottis darbuuf baay'ee salphaa fi caalmaattis dhukkubbii hamaa ta'e geessisuu danda'a.

Gaheessota, saafeloota fi ijoollota dabalatee namoonni umurii garaa garaa irratti argaman dhibee 'Delta" -tiin ni dhukkubsatu.

TALAALLIIWWAN DELTA VARIANT IRRAA NI ITTISU

Ofii keessan, maatii keessanii fi hawaasa keessan 'Delta variant' irraa ittisuuf daandiin hundumaa irra caalu, guutummaatti talaalamuu dha. Talaalliiwwan kanneen armaan gadiiti:

- **FAYYAALESSA:** Talaalliin kun sanyii, sab lammootaa fi umurii garaa garaa irra jiran dabalatee namoota miliyoonaan lakkaawamaniin fayyaalessa ta'uun isaa mirkaneeffameera. Daa'imni keessan talaallii caalmaa infeekshinii COVID-19 tiin kan dhukkubsatu ta'a.

- **FIRI QABEESSA :** Talaalliin kun COVID-19 fi 'Delta variant' kan jedhamuun qabamuu irraa isin eega. Talaalliin kun dhukkubbii humnaan ol ta'e dhukkubsachuu irraa fi yoo isin dhukkubes du'a irraa isin eega.

- **KAFFALTII MALEE:** Haalli immigreshinii keessanii maaliyyuu yoo ta'e, akkasumas waraqaa eenyummaa ykn inshuuraansii fayyaa osoo hin ilaalin nama hundumaaf kaffaltii irraa bilisa.

Yoo kan hin talaalamne taatan, carraan 'Delta variant' kanaaf saaxilamuu, baay'iftanii dhukkubsachuu, fi nama kan birootti daddabarsuu keessanii guddaa ta'a.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

Odeeffannoo dabalaatiif: cdc.gov/coronavirus

TALAALLII FUDHACHUUDHAAN 'VARIANT' HAMAA TA'AN DHAABUUTU DANDA'AMA.

Namoonni baay'inni isaanii quubsaa ta'e talaallii waan hin argatiniif dhibeen akka 'Delta variant' kan hamaa ta'e as ba'e. Namoonni baay'inni isaanii quubsaa ta'e talaallii waan hin argatiniif, dhibeen kan akka vaariyaant mul'atan. Ofii keessan, maatii keessan, fi hawaasa keessan eeguuf karaan baay'isee gaarii ta'e, hamma danda'amaa ta'etti talaallii fudhachuu dha. COVID-19 dhaabuuf deggeraa.

Talaalliiwwan tokko tokko waraansa limmoo kan yeroo lamaa barbaadu. Ittisa olaanaa akka qabaatuuf talaallii keessan kan xumuraa erga fudhattanii torbanoota lama isin fudhata.

OFII KEESSANII FI HAWAASA KEESSAN DELTA IRRAA EEGAA

Variant COVID-19 warra kan biroo caalmaatti 'Delta variant' salphaatti tatamsa'a. Guutummaan guutuutti kan hin talaalamne yoo taatan, ofii keessanii fi hawaasa keessan kanneen armaan gadii raawwachuudhaan eegaa:

Haguuggii fuulaa godhachuu .



Wal-irraa fageenya qaamaa amaleeffachuu.

Namoota hedduu waliin walitti qabama taasisuu dhiisuu.

Farra vaayirasiitiin Qulqulleessuu waantota yeroo mara irra deddeebiidhaan tuttuqaman

Harka keessan yeroo mara dhiqachuu.

Ogeessonni fayyaa hedduun ammas taanaan eeggannaa kanneen akka taasisaniif gors, addumaan ammoo naannoo namoonni walitti gobbatan ykn mana keessatti kan

Talaallii fudhachuudhaan vaariyaantii hamaa ta'e dhaabsisuun ni danda'ama

COVID-19 DHAABUUF DEGGERAA.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

Odeeffannoo dabalaatiif: cdc.gov/coronavirus